

سُورَةُ اِبْرٰهِيْمَ
Suuraa Ibraahiim

*Dura dursoo suuran tun suuratu {ibraahiim}je'amtii.

قبل كل شئ هذه هي سورة ابراهيم

*Isiin suuraa makkaati, aayata 28,29 malee isiin ta madiina'aati

وهي سورة مكية الا الآية ٢٨,٢٩ فهي مدنية

*Aayaanni is'ii {53

واياتها ثلاث وخمسون {٥٣}

*Lakkooyisi isii kudha afur {14}

وترتيبها {١٤}

*Isiin eega suuratu {nuuhgii }buute

نزلت بعد سورة نوح

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii qananii xiqqo'oo guddo'oon waa qananiisutii.

بِسْمِ اللّٰهِ الرَّحْمٰنِ الرَّحِیْمِ
الرَّ

*Jecha kana,makgnaan isaa guutuu, Rabbiitu beekha,

*Qur'aanni kun, kitaaba nuti sirratti buufne ,yaa ergamaa kiyya Muhammad,

كَتَبْنَا نَزَّلْنَاهُ اِلَيْكَ

*Akka qur'aana kanaan , gabrootan kiyya, dukkana kufri'irraa,

لِنُخْرِجَ النَّاسَ مِنَ الظُّلُمٰتِ

*Ifa iimaanatti baaftuf jecha

اِلَى النُّورِ

*Iznii Rabbii isaanitiin, Rabbiin isaanii laaffisu'uun,

بِاِذْنِ رَبِّهِمْ

*Karaa, yookii diinaa, Rabbii waa hunda injifatuu kan nama isatti balleesserraa biiluu bayu,

اِلَى صِرٰطِ الْعَزِیْزِ

1}*Rabbii dalagaan isaa hundi faarfamtu kan qananii hundarratti galata qabu.

الْحَمِیْدِ ﴿١﴾

*Rabbiin wanni sami'iifii dachii keessaa hundi, kan isaa taate, gara uuma'aatifii, qabaatu'uufii, gabrumma'alle'een,

اللّٰهِ الَّذِیْ لَهُ مَا فِی السَّمٰوٰتِ وَمَا فِی

الْاَرْضِ

2}*Warra kafareef,laga azaabaa hama'aatu jira, takkaayuu qophaaye.

وَوَيْلٌ لِّلْكَافِرِیْنَ مِنْ عَذَابٍ شَدِیْدٍ ﴿٢﴾

*Isaan azaabni jabaan isaan eeggatu sun ,warra addunyaa filatee ,aakhira'arra caalchise ,kan addunyaa jaaree aakhiraa diige,

الَّذِیْنَ یَسْتَحِبُّوْنَ الْحَیٰوةَ الدُّنْیَا عَلٰی

الْاٰخِرَةِ

*Isaan warra karaa Rabbirraa nama dhoowwu, kan nama islaamayuu deemu, islaamayuu dhoowwu,

وَيَصْدُونَكَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

*Warra karaa islaamatiif jallina barbaadu, karaa islaamaa fokkisani namatti odeessanii, irraa nama fageessu'uu jecha

وَيَبْغُونَهَا عِوَجًا

3} *Jarri akkas dalage sun, jallina haqarraa fagaate keessa jiran.

أُولَئِكَ فِي ضَلَالٍ بَعِيدٍ

*Nama ummata tokkotti ergine mara , afaan

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ رَسُولٍ إِلَّا لِيُطَاعَ بِإِذْنِ اللَّهِ

ummata isaatin itti ergina malee afaan biraatini miti, nabiiyiin nabi Muhammad dura ergame hundi, gosa isaatifi, afaan isaa malee, gosa biraatitti, ammallee afaan biraatin hin ergamu, ammoo nabi Muhammad nama hundatti ergamee, tanaaf jecha makgnaan ummata hundatti afaanuma isaanitiin ergu'uu ; nama diin isaan barsiisu, kan makgnaa hadiisa yookaa qur'aanaa afaan isaanitti jirjiiru malee nama biraa ittin erginu jechu',maalif ergamaan nama ergamee ergamaa je'amaa, isaatu diinaa isaan barsiisa ..ammallee nabi Muhammad Rabbiin afaan hunda isa beysise,akkuma nabi {adam} maqaa waan hunda barsiise tanaaf nabi Muhammad ummata hunda gosa hunda, afaan isaanitiin dubbisuu ture , nama dhiisii mukaafii bineensallee dubbisee itti haasawuu ture..haa tayuu wanni qur'aanni afaan hundaan hin buufaminiif ; waan badiin guddoo argamtuufi, maalif odoo afaan hundaan buufamee, qur'aanni wal dhabu'uutu dhufa, akkuma afaan bal'inaafii, dhiphinaan wal dhadhabu, sun , yaada ummata, karaa tokkotti walitti qabu'utin wal dhaba..dawlan, yookaa mootummaan lama yoo wahirratti walii galtee, walii gala san afaan lamaan kataban, akka walii gala san fassaru'urratti wal dhabanii, wal diddaan guddoon, isaan jiddu'utti argamtu, shakkiin hin jiru, tanaaf jecha qur'aanni afaan tokko, kan afaan hundi irraa tarjamatuun, buufamuun, waan irraa hafiinsi hin jirre taye, ammas afaan tokkichi sun afaan arabaa tayuun waan irraa hafiinsi hin jirre, waan kuffaarri hamaan waa barsiisu'utti akkaan haajamu, araba tayeef jecha. ..ammallee waan afaan arabaa qaaydaa qabu, kan biyya jiddu jireytii keessa jiru tayeef, akkasuma waan afaan arabaa kun afaan aaraamitti deebi'uuf jecha, akka taariikatti beekkame, afaan addunya'aa afaan aaraamitti deebi'a... tanaaf jecha wanni warra afaan qabu hundarratti jiru; afaan arabaa akkaan baratani eegasii, makgnaa qur'aanaa, takkaayuu diinaa islaamaa afaan isaanitti deebisani, ummata isaanii barsiisu'u, harfii taaten haa taatuu hoggaa san diinan islaamaa dafee addunyaa keessa wal gayaa, takkaa faca'aa, hoggaa san ergamoota ergamaa Rabbii tayanii waani inni ergameen bakkaan gayanii galata guddaa Rabbirraa argatan, wanni Rabbiin ergamaa hunda afaan warra itti ergameetin diinaa barsiisu'utti isa ajajeeff,

*Akka waan Rabbiin isaanittiin isa erge isaan beysisu'uufi,

*Duuba Rabbiin nama jallisuu isaa fedhe ni jallisaa,

*Ammallee nama fedhe ni qajeelcha,

*Rabbiin injifataa, hin injifatamne,

4} *Kan wanni inni dalagu hundi akka malee hin taane.

*Dhugumaan muusaa mukgjizaa sagal kennineefii, ergine,

*Ummata kee banii israa'iil,dukkana kufri'irraa ifaa iimaanatti baasi jennee,

*Ammallee nirkmaa, yookaa qananiin rabbiin isaanii kenne isaan yaadachiisi ,akka galata galchaniif jennee, takkaa ayyaamni Rabbiin kan isaan yaadachiisu, waan ummata isaan duratti argame,

*Waan nabi muusa'aa kennine, ammallee waan ummata isaatii kennine keessa, ammas waan dabre isaan yaadachiisuu keessa, ragaa dandaytii teenyatiitu jira ,

*Nama ibaadaa Rabbirratti obsee,

5} *Qananiin Rabbiin isaan kennerratti galata isaa galchuuf.

*Gaafa nabi muusan ummata isaatin je'e dubbadhu, wanni inni je'een;

*Yaa ummata kiyya ; waan Rabbiin isiniin qananiise yaadadhaa,galata isaaf galchaa,

*Gaafa Rabbiin cinqii firkgawnatiifii ,cinqii aalii isaa jalaa isin baase,

*Kan cinqii hamtuu isin dhandhamsiisan,

*Kan ilmaan keessan, kan dhiiraa,kan isinii dhalatu hunda gorra'an,

لَيْسَ لَهُمْ

فِيضِلُّ اللَّهُ مَنْ يَشَاءُ

وَيَهْدِي مَنْ يَشَاءُ

وَهُوَ الْعَزِيزُ

الْحَكِيمُ

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا مُوسَىٰ بِآيَاتِنَا

أَنَّا أَخْرَجَ قَوْمَكَ مِنَ الظُّلُمَاتِ إِلَى

النُّورِ

وَذَكَرَهُمْ بِآيَاتِ اللَّهِ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

لِكُلِّ صَبَّارٍ

شَكُورٍ

وَإِذْ قَالَ مُوسَىٰ لِقَوْمِهِ

أَذْكُرُوا نِعْمَةَ اللَّهِ عَلَيْكُمْ

إِذْ أَنْجَاكُمْ مِنْ آلِ فِرْعَوْنَ

يَسُومُونَكُمْ سُوءَ الْعَذَابِ

وَيَدْبَحُونَ أَبْنَاءَكُمْ

*Kan dhalaa keessan dhiisanii, hin ajjeesanii

وَيَسْتَحْيُونَ نِسَاءَكُمْ

gabra godhatan, wanni isaan dhiira fixanii, dhalaa dhiisaniif, warra raaga laalutu ; ilmaan israa'iil kan dhiiraa, kan bara kana dhalatu keessa, namni mootummaan mootii misraa, harka isarratti baddu jiraa je'ee, odeessinaan, mootin misraa gurbaa san ajjeesu'uu jecha dhiira ammata san dhalattu hunda, gorra'aa je'ee ajaje , haa tayuu, wanni Rabbiin fedhe hin oolamtuu, amatuma san keessa nabi muusan dhalatee, haati isaa firkgawna jalaa dhoysu'uu jecha, sanduuqa keessa keessee laga niil {abbaay} {mormor} takkaa baharitti darbitee, duuba ashkarri mooticha misraa argee, fuudhee akka gorra'amu mana mooticha geessinaan ,jaartin mootichaa akki jette: ilmaa hin qabnuu, ilma godhannaa hin gorra'inaa jaarsa isi'ii firkgawnan jettee , akkasitti dhiisan, akkanatti muusan mana firkgawnatti guddatee mootummaan mootii misraa harka isarratti baddee ilmaan israa'iil gabrummaa firkgawnaa jalaa bayan,

*Waan dubbanne san keessa ,

وَفِي ذَٰلِكُمْ

6} *Mokkorrii Rabbi keessaniitifii, qananii isaa guddo'ootu jira.

بَلَاءٍ مِّن رَّبِّكُمْ عَظِيمٍ ﴿٦﴾

*Gaafa Rabbiin keessan beysise yaadadhaa,

وَإِذْ تَأَذَّتْ رِجْبُكُمْ

*Yoo waanin an isinii kennarratti galata naa galchitan, natti amantanii, waanin an je'u dha-geessanii ,

لَيْن شَكَرْتُمْ

*Kennaa tiyya, dachaa godheetan isinii ida'a,

لَا زَيْدَ لَكُمْ

*Ammoo yoo galata naa galchuu dhiiftanii, natti kafartan, isinan qixaaxa,

وَلَيْن كَفَرْتُمْ

7} *Qixaan'i kiyya jaba'aa, je'eeti Rabbiin Rabbiin beysisee ,itti amanaadhaa, galata isaa galchaa je'eenii.

إِنَّ عَذَابِي لَشَدِيدٌ ﴿٧﴾

*Ammas nabi muusan ummata isaatin akki je'e:

وَقَالَ مُوسَىٰ

*Yoo isiniifii wanni dachii tanarra jiru

إِنْ تَكْفُرُوا أَنْتُمْ وَمَن فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا

hundi, namaafii jinnilleen ,Rabbitti kafartan, waa takka Rabbirraa hin ir'iftan, galata Rabbiif galchuu dhiisu'uun, ifuma miitan malee, Rabbi hin miitan waan odoo galata galchitaniifii, isinii ida'amu dhabdani ,

*Rabbiin dureessa hin haajamnee, ibaadana gabroota isaa waa takka isaan hin idatu, cubbuun isaan dalagan waa takka irraa hin ir'iftu,

فَاتَّ اللَّهُ لَغْنِي

8} *Rabbiin kan akka maratti faarfamu, kan faaruu hunda haqa godhatu.

حَمِيدٌ ٨

*Oduun warra isin dura dabree, isin hin geenyee?

الَّذِينَ تَبَوَّأُوا الذِّمَّةَ مِن قَبْلِكُمْ

*Oduun akka ummata {nuuhg} kan akka ummata {kgaad} isaan ummata huudii, kan akka ummata {thamuud} isaan ummata saalihii,

فَوَرُّ نُوحٍ وَعَادٍ وَثَمُودَ

*Ammallee oduun warra isaan boodaa, kanneen heddommina isaanii, Rabbi malee namni biraa hin beyne, oduun isaanii isin hin geenyee?

وَالَّذِينَ مِن بَعْدِهِمْ لَا يَعْلَمُهُمْ إِلَّا اللَّهُ

*Ummata san anbiyoonni isaanitti ergine, mukgjizaa isaan dhugo'oomsitu, heddu'uun isaanitti dhufanii,

جَاءَتْهُمْ رُسُلُهُم بِالْبَيِّنَاتِ

*Duuba ormi anbiyoonni itti ergame sun, waan anbiyoonni dhufeen jibbuu keessa, aaranii harka afaan kaayatani, quba if ciniinani,

فَرَدُّوا أَيْدِيَهُمْ فِي أَفْوَاهِهِمْ

*Wanni isin nuttiin ergamtanitti kafare,

وَقَالُوا إِنَّا كَفَرْنَا بِمَا أُرْسِلْتُمْ بِهِ

9} *Nuti waan isin itti nu yaamtan kanarraa shakkii qabna je'aniin, waaqa isin jettan kana hin dhugo'oomsinu, jechuu isaaniti.

وَإِنَّا لَنَافِي شَكِّ مِمَّا تَدْعُونَنَا إِلَيْهِ مُرِيبٍ ٩

*Jennaan anbiyoonni wanni isaanin je'e nuti towhgiidatti isin yaamnaa, si towhgiida Rabbi keessa, shakkiin ni jirtii? hin jirtu jechuu, waan ragaan tokkummaa Rabbi mul'ateef jecha,

قَالَتْ رُسُلُهُمْ أَفِي اللَّهِ شَكٌّ

*Rabbiin isa dachi'ii samii uumee, waan itti haajamtan hunda keessatti isinii uumee,

فَاطِرِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Dilii isinii araaramu'uuf, gara diinaa isaa isin yaamaa

يَدْعُوكُمْ لِيَغْفِرَ لَكُمْ مِن ذُنُوبِكُمْ

*Hoggaa isin dilii yookaa cubbuu dalaydan

وَيُؤَخِّرَكُمْ إِلَىٰ أَجَلٍ مُّسَمًّى

dafee azaaba isinitti buusee lafarraa isin hin fixuu, hanga umriin teessan dhumtee, duutanitti, azaaba isinirraa booda aansaa, akkamitti Rabbi akkanaa keessa shakkiin jirti? mamni yookaa shakkiin hin jirtu je'aniin ergamoonni Rabbi,

*Jennaan kuffaarri akki je'e ;isin warri Rabbiitu nu erge je'u,namuma akka keenyatii,
*Wanni deemtaniif ,takkaayuu wanni fetan,

*Waan abbootin teenya ibaaddu ,yookaa gabbarturraa nu dhoowwu'uu, nuti sanama, tabota yookaa muka gabbaruu hin dhiifnuu,
10}*Mee ragaa mul'ataa, isin dhugo'oomsu fidaa, gaafas dhiifnaa je'aniin.

*Jennaan anbiyoonni isaanii akki isaanin je'e;nuti waan biraatii mitii namuma akka keessaniitii akkuma isinuu jettanii,

*Haa tayuu, Rabbiin nama fedhe ,gabroottan isarraa maraxee,nabiyyii godhee, gabroottan isatti ergee, mukgjizaa kenneefii, qajeelchaa je'aanii,

*Nuti mukgjizaa if biraa isinitti fiduu hin qabnu, yoo Rabbiin mukgjizaa nuu kenne ,itti geessaa je'ee iznii nuu godhe malee ,maalif nuti gabroottanuma akka keessaniitii, nuti wahayyuufuu Rabbitti irkannaa

11}*Warri Rabbi hugo'oomse cufti Rabbumatti haa irkatuu, akkuma nuti irkanneti,

*Si mee maal himanna?yoo Rabbitti irkatuu dhabne ? wanni Rabbitti irkatuu nu dhowwu hin jiru,

*Rabbiin karaa keenya, kan haqaa , kan irra jirru kana , dhugumaan nu qajeelchee jiraa , nuti karaa diinaa isaa kan tokkummaa isaa beynee , harka itti marannaa , irratti duuna

*Miidhaa isin ormi kuffaaraa nu miitaniratti, ni obsina, isumaan mirga arganna

12}*Warri wahirratti irkatuu fedhu hundi , Rabbumarratti haa irkatuu, isuma haa abdatanii ,isumaatu namaa tolaa.

*Ormi kuffaaraa ergamoota isaanitiin akki je'an; isaanii khakhatu,

قَالُوا إِن أَنْتُمْ إِلَّا بَشَرٌ مِّثْلُنَا

تُرِيدُونَ

أَنْ تَصُدُّوَنَا عَمَّا كَانَتْ يَعْبُدُ آبَاؤُنَا

فَأَتَوْنَا بِسُلْطَانٍ مُّبِينٍ ﴿١٠﴾

قَالَتْ لَهُمْ رُسُلُهُمْ إِنْ نَحْنُ إِلَّا بَشَرٌ مِّثْلَكُمْ

وَلَكِنَّ اللَّهَ يَمُنُّ عَلَىٰ مَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ

وَمَا كُنَّا لِنَأْتِيَكُمْ بِسُلْطَانٍ إِلَّا بِإِذْنِ

اللَّهِ

وَعَلَىٰ اللَّهِ فَيَسْتَوِي السَّمْعُ وَالْبَصَرُ وَالْبُحُورُ وَالْأَنْهَارُ وَالْأَنْهَارُ وَالْأَنْهَارُ ﴿١١﴾

وَمَا نَأْتِيكُم بِشَيْءٍ إِلَّا نَزْلًا مِنَ السَّمَاءِ

وَقَدْ هَدَيْنَا سُلَيْمَانَ

وَلَصَّيَبَتْ عَلَىٰ مَاءٍ إِذْ يَتَمُونَا

وَعَلَىٰ اللَّهِ فَيَسْتَوِي السَّمْعُ وَالْبَصَرُ وَالْبُحُورُ وَالْأَنْهَارُ وَالْأَنْهَارُ وَالْأَنْهَارُ ﴿١٢﴾

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا الرُّسُلُ هُمْ

*Nuti biyya teenya isin baafna,

لَنُخْرِجَنَّكُمْ مِّنْ أَرْضِنَا
أَوْ لَنَعُودَنَّ فِي مِلَّتِنَا

*Takkaa diinaa keessan dhiiftaniiti, diinaa keenyatti deebitanii, lamaan kanarraa tokko argamu'uuf jiraataa ,beekkadhaa je'anii, khakhataniif,

13} *Duuba Rabbiin khakhatee, anbiyootan akki je'e; warra isin miidhe san,ni balleessinaa.

فَأَوْحَىٰ إِلَيْهِمْ رَبُّهُمْ لَنُهَلِكَنَّ الظَّالِمِينَ ﴿١٣﴾

*Eega isaan lafarraa fin'ee biyya isaanii isin qubsiiifnaa isintu isaan dhaalaa hin yaaddawinaa je'een,,

وَلَنُسَكِّنَنَّكُمْ الْأَرْضَ مِنْ بَعْدِهِمْ

*Anbiyootaf dirmannee,kuffaara fin'ee biyya isaanii anbiyoota dhaalchisuun,

ذَٰلِكَ

*Nama guyyaa boruu,waan hamtu'uun fuula kiyya dura dhaabbatuu sodaatufi,

لِمَنْ خَافَ مَقَامِي

14} *Kan ammallee qixaaxa kiyya,kan an dubbadhe sodaatufi, warra saniifan dirmadha

وَخَافَ وَعَبَدِ ﴿١٤﴾

*Duuba anbiyoonni dirmachuu Rabbirra barbaannan, akka ummata isaanii, kan isaan miidhurratti isaan gargaaru, Rabbiin isaanii dirmatee, kuffaara fixee,

وَأَسْتَفْتَحُوا

*Warri karaa Rabbirraa if guddise hundi

وَخَابَ كُلُّ جَبَّارٍ

15} *Warri haqa didu hundi,hoongayee, dhume

عَنِيدٍ ﴿١٥﴾

*San booda, takkaa fuula isaa dura,

مِنْ وَرَائِهِ

*Ibidda azaabatiitu jira,kan seenu'uu jiraatu,

جَهَنَّمَ

16} *Kan ibidda jahannam keessatti, malaa garaa warra ibiddaa, keessaa yaa'u obaafamu

وَسَقَىٰ مِنْ مَّاءٍ صَدِيدٍ ﴿١٦﴾

* Kan hahabbuuqu, hadhaayaa,

يَتَجَرَّعُهُ

*Kan malaa dhiigan wajji san, gad liqimsuu hin dandeenye, dirqi'iin male'etti, hammenya isaatif jecha, nabseen irraa gad hin fuutu,

وَلَا يَكَادُ يُسِيغُهُ

*Kan wanni nama ajjeesu bakka hundaa itti dhuftu,

وَيَأْتِيهِ الْمَوْتُ مِنْ كُلِّ مَكَانٍ

*Kan sanumaan wajji hin duune,

وَمَا هُوَ بِمَيِّتٍ

*Ammas eega azaaba dila kanaatii,

وَمِنْ وَرَائِهِ

17} *Azaaba jabaa walitti dhaabbatuutu isaaf jira.

عَذَابٌ غَلِيظٌ ﴿١٧﴾

*Sifti,yookaa akeekkan,warra Rabbitti kafaree gama dalagaa isaanitiin ,

مَثَلُ الَّذِينَ كَفَرُوا بِرَبِّهِمْ

*Dalagaan gaarin, isaan, addunyaa tanarratti dalagan, tan akka sadaqa'aa, tan akka rahima ifitti qabu'uu, wanni fakkaattu daara',

أَعْمَلُهُمْ كَرَمًا

*Daaraa qilleensi jabaa azooree,bakka tana bu'ee dhaban ,

أَسْتَدَّتْ بِهِ الرِّيحُ

*Guyyaa qilleensi jabaatu keessa, kun fakk-eessaa dalagaa isaaniti, faaydaa dhabuu keessatti ,

فِي يَوْمٍ عَاصِفٍ

*Jarri sun guyyaa qiyaama`aa , waan dalagan sanerraa,sawaaba hin argatan waan sharxiin dalaga'arratti sawaaba argataniin, dhabamteef jecha,sun Rabbii sawaaba namaa kennutti amanu'uu, namni hin amanin kan waan gaarii dalage isumaatu if miidhe,

لَا يَفْدِرُونَ مِمَّا كَسَبُوا عَلَىٰ شَيْءٍ

18} *Sun jallina haqarraa fagaate.

ذَٰلِكَ هُوَ الصَّلَٰءُ الْبَعِيدُ ﴿١٨﴾

*Akka Rabbiin haqaan, sami'iifii dachii uumee hin beynee,hin garree?

أَلَمْ تَرَ أَنَّ اللَّهَ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

بِالْحَقِّ

*Rabbiin yoo fedhe,isin deemsiseeti,

إِنْ يَشَأْ يُذْهِبْكُمْ

19} *Bakka teessan, uumaa biraa, takkaa waan biraa, haarawa, uumee fida.

وَيَأْتِي بِخَلْقٍ جَدِيدٍ ﴿١٩﴾

20} *Sun waan Rabbi dhibuu miti.

وَمَا ذَٰلِكَ عَلَى اللَّهِ بِعَزِيزٍ ﴿٢٠﴾

*Wanni Rabbiin uume hundi, guyyaa qiya-
ama'aa, fuula Rabbii duratti mul'atanii, wal
gayan, duuba achitti wal moromanii,
*Warri lallaafan jaleen akki je'e;

وَبَرَزُوا لِلَّهِ جَمِيعًا

*Warra gurguddaa matooti'iin,

فَقَالَ الضُّعَفَاءُ

لِلَّذِينَ اسْتَكْبَرُوا

*Nutu isin jala yaaneti Rabbitti kafarree,

إِنَّا كُنَّا لَكُمْ تَبَعًا

*Isin ar'a azaaba Rabbii nurraa deebiftuu?

فَهَلْ أَنْتُمْ مُعْتَدُونَ عَنَّا مِنْ عَذَابِ اللَّهِ مِنْ شَيْءٍ

*Duuba matootin wanni isaanin jette;

قَالُوا

*Silaa odoo Rabbiin, karaa iimaanaa nu qa-
jeelchee, karaa islaamatti isin yaamna, haa
tayuu nutuu jallina keessa jirraa, akkamitti
isin qajeelchina? nutuu qixaaxamu'utii jirraa,
akkamitti, qixaaxa isinirraa deebifnaa?

لَوْ هَدَدَنَا اللَّهُ هَدَيْنَاكُمْ

*Ar'a obsinuu, obsa dhabnuu, nutti wal qixaa
, numa qixaaxamnaa,

سَوَاءٌ عَلَيْنَا أَجْرُ عَنَّا أَمْ صَبَرْنَا

21} *Nama ar'a, cinqii, yookaa azaaba kana
jalaa nu baasu kan itti irkannu hin qabnu.

مَا لَنَا مِنْ مَّجِيصٍ ﴿٢١﴾

*Ibliis takkaa sheyxaanni orma kuffaaratiin
akki je'e;

وَقَالَ الشَّيْطَانُ

*Hoggaa guyyaa qiyaama`aa , firdiin godh-
amtee , warri jannataa, jannata seenee , warri
azaabaa, azaaba seenu warra azaaba, kan isa-
rratti walitti qabameen akki je'u;

لَمَّا قَضَى الْأَمْرَ

*Rabbiin eega duutanii isin kaasetan kan
gaarii dalagee, jannata haqa godhate, jannata
seensisa, kan badee, azaaba haqa godhate,
azaaba seensisa, je'eti baallama haqaan
isinii seenee , hunoo baallama isaa guutee ag-
artan,

إِنَّكَ اللَّهُ وَعَدَّكُمْ وَعَدَّ الْحَقَّ

*Ammoo an, addunya'arratti, wanni Rabbiin
je'u dhuga'aa mitii, hin dhugo'oomsinaa, hin
kaafamtanii, isiniin je'eetan, baallama isinii
seenee,

وَوَعَدْتُكُمْ

*Hunoo kaafamtanii dubbiin tiyya kijiba
tayuu agartanii, baallama san isinitti diigee ,

فَأَخَلَفْتُمْ

*Dhugaa yoo taate, an, gaafas, humnaan isin
, if jalaan oofu hin qabu,

وَمَا كَانَ لِي عَلَيْكُمْ مِنْ سُلْطَانٍ

*An karaa kiyya yaa'aa, kan Rabbii dhiisaa
je'ee isin yaamnanuma

إِلَّا أَنْ دَعَوْتُكُمْ

*Na dhuga'oomsitanii, na jala deemtanii
malee,

فَأَسْتَجِبْتُ لِي

*Tanaaf jecha,ar'a, nan anaannatinaa nan
zigaalinaa yookaa nan kumatinaa takkaayuu
nan sakkabinaa,

فَلَا تُلْمُونِي

*Ifuma sakkabaa , takkaayuu anaannadhaa,

وَلَوْ مَوَّأ أَنفُسَكُمْ

zigaalaa,maalif odoo Rabbiin keessan; ibliis xilaata keessanii ,xilaatumma'aaf
isa eegadhaa, dubbii isaa hin dhagayinaa,dubbii tiyya dhagayaa isiniin je'uuti,
na dhageessanii na jala deemtanii, xilaanni, xilaata isaa, bakka hamtuu malee
bakka gaarii geessaa dhageessanii?

*An ar'a isinii dirmadhee, azaaba jalaa isin
baasuu hin dandayu,

مَا أَنَا بِمُصْرِحِكُمْ

*Akkasuma isinis,naa dirmattanii,azaaba ja-
laa na baasuu hin dandeessan

وَمَا أَنْتُمْ بِمُصْرِحِي

*An ,isin , addunya'arratti, Rabbitti na qind-
eessu'utti, kafare,an,mayraa bishaanin keessa
hin jiru, an Rabbii mitii, gabricha Rabbii kan
jallatee,

إِنِّي كَفَرْتُ بِمَا أَشْرَكْتُمُونِ مِنْ قَبْلُ

22} *Duuba Rabbiin akki je'e ; warra kafaree
if miidhef, azaaba isaan laalessu, kan zala-
alami'iitu jira.

إِنَّ الظَّالِمِينَ لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٢٢﴾

*Warri Rabbitti amane, waan gaarii dalage,
jannata seensifama,

وَأَدْخِلِ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

جَنَّاتٍ

*Jannata lagootin keessa olii gad yaatu,

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

*Kan zalaalamii keessa taa'an,

خَالِدِينَ فِيهَا

*Iznii, yookaa fedhii Rabbii isaanitiin, ma-
laaykan isaan dabaaltee, jannata seensifta

بِأُذُنِ رَبِّهِمْ

23} *Warri jannataa, hoggaa wal jiraa chisu,
{salaam} nagayaa jechu'u, nagayaa Rabbii,
takkaa nagaya malaayka'aa, takkaa nagaya,
gariin isaanii garii isaanirratti buusu'u, tak-
kaa nagaya wal gaafatu'

تَحِيَّتُهُمْ فِيهَا سَلَامٌ ﴿٢٣﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad akka Rabbiin,waa wahitti fakkeessee, namaa ibse , hin agarree? fakkeessan Rabbiin dubbate, waan as deemu kana fa'a ,

أَلَمْ تَرَ كَيْفَ ضَرَبَ اللَّهُ مَثَلًا

*Jecha gaarii, muka gaarii fakkaatu, jechi gaarin {laa ilaaha illallaahu} jechu'u, ammoo mukni gaarin muka timiraati,

كَلِمَةً طَيِّبَةً كَشَجَرَةٍ طَيِّبَةٍ

*Muka san hiddi isaa lafa keessa gad jira

أَصْلَهَا ثَابِتٌ

24} *Ammoo dameen muka saniitifii, mata-an isaa,samii keessa ol deema, takkaayuu dheerata.

وَفَرَعُهَا فِي السَّمَاءِ ﴿٢٤﴾

*Mukni sun kan hoggaa mara midhaan dhalu ,takkaa midhaan gaarii namaa kennu,

تَوَاتَىٰ أَكْلَهَا كُلِّ حِينٍ

*Fadhii Rabbii isaatin ,uuminsa inni uumen

بِإِذْنِ رَبِّهَا

Rabbiin jecha {laa ilaaha illallaahu} je'u muka timiraa kan nakhiil je'amutti fakkeessee ,duuba akkuma timirri hidda dheeraa dachii keessaa qabu, ammallee samii keessa ol dheeratu, ammallee midhaan hoggaa hunda namaa dhalu {laa ilaaha illallaahu} jechuun: hundee qaba, hundeen isaa iimaana qalbii mu'minaa keessa dhaabbatu, dameen isaa dalagaa gaarii mu'minni dalagu, tan irraa qeebalamtee gara sami'ii ol fuudhamtu, midhaan isaa sawaaba isi'iiti, kan hoggaa mara aragatu,

25} *Rabbiin fakkeessa namaaf dubbata ,akka isaan gorfamanii, amananiif jecha ,

وَيَضْرِبُ اللَّهُ الْأَمْثَالَ لِلنَّاسِ لَعَلَّهُمْ

يَتَذَكَّرُونَ ﴿٢٥﴾

*Fakkeessan jecha bada'aa, sun kufri'ii,

وَمَثَلُ كَلِمَةٍ خَبِيثَةٍ

*Akka muka bada'aati sun {harre googe'ee, takkaa muka midhaan hadhaayaa qabu, kan lafarra saaru,

كَشَجَرَةٍ خَبِيثَةٍ

*Kan lafarraa buqqafamee, fuudhame,

أَجْتَنَّتْ مِنْ فَوْقِ الْأَرْضِ

26} *Kan bakka itti gad dhaabbatu hin qabne , waan hiddi isaa, lafa keessa gad hin jirreef duuba akkasuma jechi kufri'ii gad hin jabaatu, waan ragaa dhuga'aa hin qabneef, ammallee waan dalagaa qeebalamtee,sami'itti ol fuudhamtu hin tayiniif

مَا لَهَا مِنْ قَرَارٍ ﴿٢٦﴾

*Rabbiin warra isatti amane jecha jaba'aan, daliila jaba'aan jabeessa ,addunyaa tanarra-tti, nama {laa ilaaha illaallaahu} je'e, qalbiin isaa Rabbitti hidhaa wanni inni je'u hundi, ragaa dhuga'aati qabdi,

يَشِيتُ اللَّهُ الَّذِينَ ءَامَنُوا بِأَقْوَالِ الشَّيْطَانِ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

*Aakhira'attis Rabbiin isaan tiysa , isaan

وَفِي الْآخِرَةِ

jabeessa, namni du'e, hoggaa inni qabri'ii keessa kaayame, lubbuun itti deebitii, malaaykan lama dhufteeti, teessiftee, waa sadiyirraa isa gaafatti sadiin sun: Rabbiin kee eenyu, diinan kee maali, nabiiyyiin kee eenyu, jechu', duuba mu'minni wanni je'u, Rabbiin kiyya {allaahu}, diinan kiyya islaama, nabiiyyiin kiyya {Muhammadi}, hoggaa san mana kee kan azaabaa keessa laali je'ani garsiisanii, ammas manaa isaa kan jannata keessaa garsiisanii, akki je'aniin; waan gaafii tana tolchitee deebifteef, Rabbiin mana azaaba sirraa hambisee, bakka isaa mana jannataa sii kennee, rafi je'aniin, ammoo kaafirri hoggaa gaafatan ,gaafi san deebisuu hin beekhu, ulee sibiilatiin ,takkaayuu burishaan dhawanii isaa iyyu biraa deeman,

*Rabbiin ormi kuffaaraa, ni jallisaa, gaafii qabri'ii saniif , deebisaa kennuu hin dandayan,

وَيُضِلُّ اللَّهُ الظَّالِمِينَ

27} *Rabbiin waan fedhe dalagaa namni waan inni fedhe diduu dandayu hin jiru.

وَيَفْعَلُ اللَّهُ مَا يَشَاءُ ﴿٢٧﴾

*Yaa ergamaa kiyya hin laallee?

﴿الْم تَرَّ

*Gara warra nirkmata Rabbii kufri'itti jirjii-ree, waan Rabbiin namaa kenne kufri'itti jirjii-run, isi'irratti galata isaa galchuu dhiisanii itti kafaru'uu,

إِلَى الَّذِينَ بَدَلُوا نِعْمَتَ اللَّهِ كُفْرًا

*Jara ummata isaani qubsiisan,

وَأَحْلَوْا قَوْمَهُمْ

28} *Mana halaakaa, yookaa badi'ii.

دَارَ الْبُورِ ﴿٢٨﴾

*Sun ibidda jahannam, kan seenu'uu taa'anii,

جَهَنَّمَ يَصَلُّونَهَا

29} *Yaa hammeenya bakkee isaan taa'an

وَيَسَّ الْقَرَارُ ﴿٢٩﴾

*Jarri sun Rabbiif masaanuu, yookaa hiriyyaa godhan

وَجَعَلُوا لِلَّهِ أَنْدَادًا

*Karaa isarraa nama baasu'uuf yookaa bayu'uuf,

لِيُضِلُّوا عَنْ سَبِيلِهِ

*Orma kuffaaraa saniin akki jettu; mee waa xiqqo,waan Rabbiin isiniin kenneen, addunyaan tanarratti qanani'aa, nyaadha'aa, dhuga'aa, uffadha'aa, fuudha'aa,

30}*Bakkeen isin booda itti aantan, ibidda azaabatii.

*Gabroottan kiyya kan natti amaneen akki jettu;

*Salaata dhaabaa, salaataa,

*Waan nuti isaanii kenninerraa haa waa kennanii, nama rakkate rakko'oo baasanii

*Karaa dhoysanii ,harka jalaatin,nama gargaaru'uutifii, karaa dirree baasanii nama gargaarulle'een,

*Odoo guyyaan tokko hin dhufne,

*Kan guyyaa san keessa, hori'iin if bituun hin jirre,

31}*Kan hiriyaan nama furuun,keessa hin jirre,sun guyyaa qiyaama'aatii.

*Rabbiin isa gabbaruu haqa godhatu isa sami'iifii dachii uume,

*Kan rooba sami'ii buusee,

*Midhaan lafaa magarse,

*Akka rizqii teessan tayuuf jecha, ifii nyaattanii, horii keessan nyaachifattanii,

*Rabbiin kan markaba isinii laaffise,

*Akka bahara nuti uumne keessa deemuf yaabbattanii, takkaa waa itti fa'attanii, yookaa rarattanii, kan amrii Rabbiitin bishaan keessa demu, qilleensa inni uumen bishaan inni uumerra,

32}*Rabbiin kan lagootii isinii laaffisee, bishaan keessa isinii yaasee,dhuydanii obbaafattan.

قُلْ تَمَتَّعُوا

فَإِنَّ مَصِيرَكُمْ إِلَى النَّارِ ﴿٣٠﴾

قُلْ لِعِبَادِيَ الَّذِينَ آمَنُوا

يُقِيمُوا الصَّلَاةَ

وَيُنْفِقُوا مِمَّا رَزَقْنَاهُمْ

سِرًّا وَعَلَانِيَةً

مَنْ قَبْلَ أَنْ يَأْتِيَ يَوْمٌ

لَا يَبِيعُ فِيهِ

وَلَا خَلْدٌ ﴿٣١﴾

اللَّهُ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

وَأَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

فَأَخْرَجَ بِهِ مِنَ الشَّجَرَاتِ

رِزْقًا لَكُمْ

وَسَخَّرَ لَكُمْ الْفُلْكَ

لِتَجْرِيَ فِي الْبَحْرِ بِأَمْرِهِ

وَسَخَّرَ لَكُمْ الْأَنْهَارَ ﴿٣٢﴾

*Rabbiin kan adu'uufii ji'a isinii laaffise,
akka karaa heddu'uun itti fayyadamtaniif,

وَسَحَّرَ لَكُمْ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ

*Kan karaa isaan lamaanii keessa deeman,
ibsa'aa,kan hin dhaabbane ,kan faaga isaan-
irraa hin baane,

دَائِبِينَ

*Kan halkan isinii laaffise,akka keessatti
hara baafattaniif,

وَسَحَّرَ لَكُمْ الْيَلَّ

33}*Rabbiin kan guyyaa isinii laaffise akka
isa keessa deemtanii,waan itti haajamtan
barbaaddataniif.

وَالنَّهَارَ ﴿٣٣﴾

*Rabbiin kan waan isin isa khadhattan hu-
ndarraa akka isinii tolutti, waa isinii kennu,

وَمَا تَنْتَكُم مِّنْ كُلِّ مَا سَأَلْتُمُوهُ

*Waan Rabbiin isinii qananiise odoo lakko-

وَأِنْ تَعَدُّوا نِعْمَتَ اللَّهِ لَا تَحْصُوهَا

ytanii fixuu hin dandeessan, duuba Rabbi akkanaa kana dhiiftanii akkamiin
nama akka keessaniitin Rabbi jettanii gabbartan?bakka galata isaa galchitanii
toltan, itti kafartanii moromtani baddanii,

34}*Ilmi namaa kan akkumaan if miidhuu
,dilii dalagu'uun waan Rabbi isaa kennerratti
galata isaa galchuu dhabu'uun

إِنَّ الْإِنْسَانَ لِرَبِّهِ لَكَفَّارٌ ﴿٣٤﴾

*Waan nabi ibraahiim makka keessatti je'ee
Rabbi khadhate, dubbadhu, wanni inni je'e:

وَإِذْ قَالَ إِبْرَاهِيمُ

*Yaa Rabbi biyya makka tana bakka naga-
yaa godhi, kan namni isii seene hin tu-
qamne,

رَبِّ اجْعَلْ هَذَا الْبَلَدَ آمِنًا

*Na fageessi,

وَأَجْنِبْنِي

*Ilmaan kiyyallee fageessi,

وَوَيْتِي

35}*Waan Rabbi hin tayin ibaadu'urra.

أَنْ تَعْبُدَ الْأَصْنَامَ ﴿٣٥﴾

*Yaa Rabbi sanamni, wanni akka mukaa
kan Rabbi achitti gabbaramtu,

رَبِّ إِنَّهُنَّ

*Nama hedduu, warra isii ibaadu, karaa Ra-
bbirra jallifte,

أَصْلَانٌ كَثِيرًا مِّنَ النَّاسِ

*Nabi ibraahiim akki je'e: namni karaa tok-
kummaa Rabbirratti na jala deeme, anarr-
aayi, diin ahlii kiyya

فَمَنْ تَعْبَىٰ فَإِنَّهُ مِنِّي

*Nama na jela deemuu dide dubbiin isaa gara keetii jirti, an aanaa hin godhadhuu, siitu akka gootu beekha,

36}*Ati kan namaa araaramee rahgmata namaa godhuu .

*yaa Rabbii keenya, an ilmaan kiyya garii qubsiise, ismaakgiilifii haadha isaa haajara,

*Laga qonna hin taane keessa, sun {makkaa},

*Mana kee {kakgbaa} biraa tan odoo nabi nuuhg hin ergamne dura jirtu,

*Yaa Rabbii keenya akka salaatanii si ibadaniifan, as qubsiisee,

*Qalbii namaa akka gara isaanii jallatan, akka isaanii naatu godhi,

*Ammallee waan midhaan taye, isaanii kenni,

37}*Akka galata sii galchan, duuba Rabbiin du'aa'ii isaa qeebaleeti xaa'if biyya shaamii buqqisee hijaaaz fidee midhaan akka inabaa rummaanaa, heddomeyseef magarseef.

*Yaa Rabbii keenya, ati waan nuti dhooysinee dalaynu ni beeyta,

*Waan nuti dirree baafnee dalaynus ni beeyta,

*Wanni Rabbirraa dhokhatu hin jiru,

38}*Dachi'iifii samii keessatti

*Faarun yookaa galanni, kan Rabbii naa kenneeti,

*Aanaa dullachaa, ilma kiyya ismaa'iil naa kenne, inni, nabi ibraahiimii, umriin isaa sagaltamii sagaliiti dhalateef,

*Ammallee kan {ishgaaq} naa kenne, inni, nabi ibraahiim umriin isaa dhibbaafii kudha lamaati dhalateef,

وَمِنْ عَصَابِي

فَإِنَّكَ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿٣٦﴾

رَبَّنَا إِنِّي أَسْكَنْتُ مِنْ ذُرِّيَّتِي

بُيُوتٍ غَيْرِ ذِي زَرْعٍ

عِنْدَ بَيْتِكَ الْمَحْرَمِ

رَبَّنَا لِيُقِيمُوا الصَّلَاةَ

فَجَعَلْ أَفْعَادَهُ مِنَ النَّاسِ تَهْوِي إِلَيْهِمْ

وَأَرْزُقُهُمْ مِنَ الثَّمَرَاتِ

لَعَلَّهُمْ يَشْكُرُونَ ﴿٣٧﴾

رَبَّنَا إِنَّكَ تَعَلَّمْ مَا نَخْفِي

وَمَا نَعْلَمُ^٤

وَمَا يَخْفَى عَلَى اللَّهِ مِنْ شَيْءٍ

فِي الْأَرْضِ وَلَا فِي السَّمَاءِ ﴿٣٨﴾

الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي وَهَبَ لِي

عَلَى الْكِبَرِ إِسْمَاعِيلَ

وَإِسْحَاقَ^٥

39} *Rabbiin kiyya kan nama isa khadhate dhagayu.

إِنَّ رَبِّي لَسَمِيعُ الدُّعَاءِ ﴿٣٩﴾

*Yaa Rabbii kiyya nama salaata guutee salaatu na godhi,

رَبِّ اجْعَلْنِي مُقِيمَ الصَّلَاةِ

*Ammallee ilmaan kiyyarraa, nama salaata guutee salaatu godhi,

وَمِنْ ذُرِّيَّتِي

40} *Yaa Rabbii keenya, waanin si khadh-adhe kana, naa qeebali, naa hayyami.

رَبَّنَا وَقَبَّلْ دُعَاءَ ﴿٤٠﴾

*Yaa Rabbii keenya, naafii haadhaa abbaa kiyyaa araarami,

رَبَّنَا اغْفِرْ لِي وَلِوَالِدَيَّ

*Nama biraa kan Rabbitti amane hundaaf araarami,

وَالْمُؤْمِنِينَ

41} *Guyyaa qiyaama'aa kan miizaana dha-abanii namuu gaafatamu.

يَوْمَ يَقُومُ الْحِسَابُ ﴿٤١﴾

*Rabbiin waan dagatu hin seyin,

وَلَا تَحْسَبَنَّ اللَّهَ غَفْلًا

*Waan warri cubbuu dalagu itti jiru, isaan quba qabaa ni arga ni dhagayaa,

عَمَّا يَعْمَلُ الظَّالِمُونَ

*Wanni qixaaxa malee isaan dhiisuf, takkaa booda aansuf,

إِنَّمَا يُؤَخِّرُهُمْ

42} *guyyaa hamaa, cinqii isaatii jecha ,ijji dhaabbattu ,kan walittin deeffamne, takka-ayuu hin duruufamne .

لِيَوْمٍ تَشْخَصُ فِيهِ الْأَبْصَارُ ﴿٤٢﴾

*Kanneen ori'an, gara nama isaan yaamutti,

مُهْطِعِينَ

*Mataa ol qabaadhaa,

مُقْنِعِي رُءُوسِهِمْ

*Kan ijji isaanii isaanitti deebitee, if hin laalle,

لَا يَرْتَدُّ إِلَيْهِمْ طَرْفُهُمْ

43} *Kanneen onneen isaanii, beekkomsaaffii ayliidharralle'ee, qullaa taate, haalli hamaatii keessa,duuba guyyaa saniif isaan booda aanse malee, isaan dagatu'uuffii miti.

وَأَقْدَمَهُمْ هَوَاءَ ﴿٤٣﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, kuffaara sodachisi

وَأَنْذِرِ النَّاسَ

*Guyyaa isa keessa ,azaabni isaanitti dhuf-u'uu taa'un ,isaan sodaachisi,akka amanan,

يَوْمَ يَأْتِيهِمُ الْعَذَابُ

*Gaafa guyyaan sun dhufe ,warri Rabbitti
kafare, wanni je'uudhaa taa'u

فَيَقُولُ الَّذِينَ ظَلَمُوا

*Yaa Rabbii keenya addunya'atti nu deebisii
waytii nuu qabi,yaroo xiqqoo,

رَبَّنَا أَخِّرْنَا إِلَىٰ أَجَلٍ قَرِيبٍ

*Waan ati itti nu yaamte, dhageenyeti
amanna,

نُحِبُّ دَعْوَتَكَ

*Ergamoota keetis dhageenyeti jala yaanaa
je'an ,duuba wanni kuffaaraa akkana je'uun
je'amu,

وَتَسْبِيحِ الرَّسُولِ

*Si isin kan amma akkana jettan, tanaan
dura ,gaafa addunya`arraa jirtan hin kha-
khannee,

أَوَلَمْ تَكُونُوا أَقْسَمْتُمْ مِّن قَبْلُ

44} *Haala addunya'aa kanarra hin deemnu,
aakhiraan hin jirtu, hin kaafamnu , jettanii.

مَا لَكُمْ مِّن زَوَالٍ ﴿٤٤﴾

*Kan addunyaa keessa taa'uu turtan,

وَسَكَنتُمْ

*Manootii warra Rabbitti balleessee, lubbuu
ifii miidhee keessa kan ummata isin dura
dabree,

فِي مَسَكِنِ الَّذِينَ ظَلَمُوا أَنفُسَهُمْ

*Wanni nuti orma kafare sanitti dalayne isi-
nii mul'atee jira,araddaa isaan irraa dhuman,
faana azaaba isaanitti bu'ee agartanii, sanu-
maan wajji waan saniin hin gorfamne,

وَتَبَيَّنَ لَكُم كَيْفَ فَعَلْنَا بِهِمْ

*Ammallee qur'aana keessatti isin adde-
essinee jirra,

وَضَرَبْنَا لَكُمْ

45} *maymaakha hedduu namni gorfamuun
,haa tayuu isin saniin hin gorfamne

الْأَمْثَالَ ﴿٤٥﴾

*Kuffaari makka nabi muhammad aijeess-
u'uuf, takkaa miidhu'uuf, takkaa biyyaa ba-
asu'uuf,mala dhawanii jiran,

وَقَدْ مَكَرُوا مَكْرَهُمْ

*Mala isaan dhawan san Rabbiin quba
qabaa, ammallee mala isaanirraa caalun,
mala isaanii balleessee bakka hanqisa,

وَعِنْدَ اللَّهِ مَكْرَهُمْ

46} *Heelan isaan waan nabi Muhammad
dhufeen, shari'aa islaamaa balleessu'uu dal-
agan ,odoo hangamuu guddatelle'ee gaara

وَإِن كَان مَكْرَهُمْ لَيَرْزُلَ مِنْهُ

hin deemsiftu, shari'aa islaama tan akka gaaratti cimtu'uu ,deemsisuu hin dan-
deessu jechu', Rabbiitu harkatti balleessaa,tanaaf hoggaa isaan nabi Muham-
mad aijeessu'uu itti marsan ija isaanii irraa qabee, jiddu'uu baasee, madiina'atti

الْجِبَالِ ﴿٤٦﴾

galchee, achitti sharii'aa isalaamaa jebessee,humna islaamatin kuffaara san caphse.

Rabbiin baallama ergamoota isaatii dirmat-u'uu seene ,waan diigu hin seyin, guutu'uuf hin ooluu,

*Rabbiin kan waa hunda injifatu, kan wanni isa dadhabsiisu hin jirre,

47} *Kan nama isatti balleesseraa biiluu bayu ,yookaa qixaaxu.

*Guyyaa dachii beekkamtuu tanarraa dachiin biraa jirjiiramtu,

*Guyyaa samii beekkamtuu tanarraa samiin

biraa jirjiiramtu, dubbadhu, takkaa odeessi, gaafas warra isitti balleesseraa Rabbiin biluu baya, guyyaan sun guyyaa qiyaama'aati gaafas namni hundi siraxirratti wal gaya, hoggaa dachi'iifii samiin jirjiiramte san,

48} *Gaafas namni hundi qabri'ii bayeeti fuula Rabbii dura dhaabbata, dirree bayanii, Rabbii tokkicha waa hunda mooyutti mul'atanii.

49} *Gaafa san warra Rabbitti kafareefii ,shayxaana kan walitti hidhamanii qindeeffamanii dhaabbatan garta {muqraniin} jechuun :qindeeffaman jechu' ,{asfaad} jechuun :hidha' jechuu.

*Qamisni kuffaaraa gaafas,

*Zifti'irraa tolfama, waan inni yoo ibiddi tuqe akkaan bobayuuf ,

50} *Gaafas ibiddi azaabaa fuula kuffaarratti bayee hagooga.

*Wanni namuu fuula Rabbii dura dhaabbatuuf ,akka Rabbiin namuu, waan inni dalagerraa gaafatee namuufuu galata, yookaa jazaa galchu'uufi kan hamtuu dalage hamtu'uun kan gaarii dalage gaari'in,

فَلَا تَحْسَبَنَّ اللَّهَ مُخَلَّفًا وَعَدُوَّهُ رَسُولَهُ

إِنَّ اللَّهَ عَزِيزٌ

ذُو أَنْقَامٍ ﴿٤٧﴾

يَوْمَ تَبْدُلُ الْأَرْضَ غَيْرَ الْأَرْضِ

وَالسَّمَوَاتِ

وَبَرَزُوا لِلَّهِ الْوَاحِدِ الْقَهَّارِ ﴿٤٨﴾

وَتَرَى الْمُجْرِمِينَ يَوْمَئِذٍ مُّقْرَنِينَ فِي

الْأَصْفَادِ ﴿٤٩﴾

سَرَائِبُهُمْ

مِنْ قَطْرَانٍ

وَتَعْشَىٰ وُجُوهُهُمْ النَّارُ ﴿٥٠﴾

لِيَجْزِيَ اللَّهُ كُلَّ نَفْسٍ مَا كَسَبَتْ

51} *Rabbiin kan dafee gabroottan isaa waan dalaganirraa gaafatee fixu wanni hadiisatti dhufe ,Rabbiin waan uume maraa, hanga wal'akkaa guyyaa addunyaadhaa keessatti gaafatee fixa.

*Qur'aanni yookaa wanni dubbatame kun ,

*Waan ummatatti geessu'uuf sirratti buufame,

*Ammallee akka isaan sodachifamanii kufri'irraa tiymaniifi,

*Akkammallee isaan beekaniifi

*Rabbiin tokko lamaa mitii ,ragaa qur'aanni dubbatu arganii ,dhagayanii

*Ammallee akka qur'aana kanaan yaadatee gorfamu'uufi,

52} *Warri aylii qabu

إِنَّ اللَّهَ سَرِيعُ الْحِسَابِ ﴿٥١﴾

هَذَا

بَلَّغٌ لِلنَّاسِ

وَلِيُنذِرُوا بِهِ

وَلِيَعْلَمُوا

أَنَّمَا هُوَ إِلَهٌ وَاحِدٌ

وَلِيَذَكَّرَ

أُولَئِكَ الَّذِينَ